# Ajjechaan Ilmaan Oromoo Irratti Raawwataa Jiru

# FXG Boodatti Hin Deebisu!!

*Ibsa Gabaabaa Qeerroo Bilisummaa Oromoo*

Mootummaan Wayyaanee Abbaa Irrummaa isaa bifa mul'ataa fi dhokataadhaan gadi jabeessee itti fufuun lammillee Oromiyaa ilmaan Oromoo mana jireenya isaa fi bakkoota hojii akkasumas manneen barnootaa sadarkaa gadii hamma Yuniverstii keessatti adamsuun rasaasaan ajjeesaa kaanis hidhaatti guuraa aangoo irra bubbuluun waggppta 26 lakkaawataa jira.

Waggoota umurii Mootummaan EPRDF(TPLF) aangoo irra ture kana keessatti qabsoo uummanni Oromoo taasisaa turee fi itti jiru keessatti qabsoo karaa nagana mirga uummata Oromoo argamsiisuuf carraaqiin ta'ee keessatti biyya abbaa isaa keessatti roorrifamuu fi hiraarfamuun sabi Oromoo nagaa dhabaa jira. Nagaan bahanii mirga uumamaa fi namoomaa gaafachuun akka yakka ta'eetti meeshaan waraanaa fi humni waraanaa uummata nagaatti duulchifamee ajjeechaan akkaanii uummata Oromoo irra gahaa waggaa 26 lakkoofse.Kunis ta'ee qabsoo sabi Oromoo deemsisaa jiru duubatti deebisuu hin dandeenye.

FXG Oromiyaa keessatti finiinuu eegaleenis har'a injifannoo gurguddaan olaantummaa Qeerroo Bilisummaa( ABO) mul'isuun uummanni Oromoo guutummaan dacha'ee Wayyaanee dura akka dhaabbatu taasiseenis TPLF uummata nagaa irratti dhukaasa halkanii guyyaa roobsen lubbuu kumaataamaan kan iji arge galaafateera. Kaanis hidhamuu garuu hidhamuu malee kan lubbuun mana hidhaa keessatti baate ukkaamfamte hedduudha.  Kanuma keessatti qabsoon sabboontota Oromoo fi Qeerroodhaan eegale hanga injifannoon daddaqamaa fi raafama siyaasaa tokko malee cichoominaan guyyaa irraa guyyaatti bilchaataa fi inijfannoo xiqqaa fi guddaa galmeessaa kunoo har'aan gahee jira.

Yeroo ammaa kanatti Mootummaan Wayyaanee raafama siyaasaa FXG itti qabsiise irraan kufaatii isaa of oolchuuf filannoo qabutti kan fayadamuu eegales

ilmaan Oromoo halkan halkan humna hin beekamne oomishatee ajjecha suukkanneessaa raawwataa jiraatuunis ifatti godina Arsii magaala Shaashimannee keessatti mul'atee jira. Godina biraattis cehuuf tarkaanfataa jiraatuunis hubatamaa dhufeera.  Lubbuun torban lamaa asitti magaala Shaashimannee keessatti halkan halkan galaafatamte hin dhaabbanne itti fufee waan jiruuf

1. Humna addaa boodaan mootummaan dhaabbatee utubee jiru kan lubbuu ilmaan Oromoo nagaadhuma manaa fi maatii keessaa baatee ajjeefamaa jirtuuf mootummaan Wayyaanee itti gaafatamuu qaba. Ilmaan Oromoo alaa fi keessa jirtan gochaa dhokataa mootummaan Wayyaanee Oromoo irratti taasisu kana saaxiluu daran gadi jabinaan hojjechuu qabdu.
2. Kaleessas taanan har'as darbees ajjechaan kamuu FXG kan boodatti deebisu akka hin taanee mootummaan kun hubatee tooftaa ajjechaa amma raawwataa jiru irraa dhaabbatuu of of deebisuu akka qabu Qeerroon Bilisummaa gadi jabeessee beeksisa.
3. Uummanni Oromoo yoomiyyuu mirga isaaf kan ilmaan isaa dhabee fi lubbuu isaanii kan dhabaniif gaafatamni mootummaa wayyaanee tahee gumaa wareegamtootaa ilmaan oromoo baasuu Qeerroon ejjennoo isaa lafa kaa'a
4. Qaamni torbeewwan kana keessa magaala Shaashimanneetti ilmaan Oromoo nagaa irratti tarkaanfii ajjeechaa fudhatee jiru seeratti dhiyaatuu qaba.

Ajjechaanii fi hidhaan yoomillee Qabsoo Uummata Oromoo boodatti hin deebisu!

Injifannoon Uummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaati!

Qeerroo Bilisummaa!

Waxabajii 2016

.